Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, deebiin garuma keeti

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu-: Ganama Ganama akkas jedhan ture: «Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, deebiin garuma keeti» yeroo galgalaa immoo akkana jedhan: «Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, deebiin garuma keeti» yeroo tokko immoo akkas jedhan: «Deebin garuma keeti».

[رواه أبو داود والترمذي والنسائي في الكبرى وابن ماجه] [hasani]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo jalqaba guyyaa isaanif bari'e akkana kan jedhan ta'an: (Yaa Rabbi siin bariisifanne) eegumsa kee keessa jiraataa, qananii kee keessatti cuuphamaa, zikrii kee irratti bobba’aa, maqaa keetin gargaarsifataa, towfiiqa keetiin hammatamaa, malaa fi humna keetiin sochoo’aa, (siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna) galgala jedhamuu waliin akkuma jechota armaan duraa fakkaata, ni jedhan: siin galgaleeffanne, maqaa kee isa jiraachisaa ta'een jiraanna, maqaa kee isa ajjeesaa ta'een immoo ni duuna, (garuma kee deebina) Du’a booda ka’uu, walitti qabamuu booda addaan bahuu,, haalli keenya yeroo hundumaa haala kanaan itti fufa, haalota hafan gonkumaa irraa hin fagaadhus hin dhiisus. Yeroo galgala ga’anis asrii booda irraa kaasanii akkana jedhan: (Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina) Deebi'uun addunyaa tana keessatti, gara dhumaatti deebi'uunis, simatu na jiraachisa, simatu na ajjeesa.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5490